## Wabiiwwan:


Akkadamii Dhibee Daa'immanii Ameerikaa, Waldaa Fayyaa Hawaasaa Ameerikaa, Fayyaaafi Nageenya Waldhaansa Daa'immaniitti Giddu Gala Risoorsii Biyyoolessaa. Kunuunsa Ijoollee Keenya: Istaandardii Raawwii Fayyaa fi Nageenya Biyyaalessaa: Qajeelfama Kunuunsa Daa'imman Mana Alaa, Maxxansa 2ffaa. Ganda Elk Grove, IL, Waashingitan, DC, fi Aurora, CO: 2002.

Fannoo Diimaa Ameerikaa. www.redcross.org

Fayyaa Hawaasaa – Siyaatil fi King County.https://kingcounty.gov/depts/health/emergency-preparedness.aspx
Qajeelcha Ittisa Yeroo Hatattamaa KaawuntiiIsnohaamish fi Distiiktii Fayyaa Isnohaamish *Kitaaba Deebii Muddama/Balaa.* Everett, WA: 2003.

*Waa'ee Balaa Dubbachuu: Qajeelfama Ergaawwan Istaandardii. Waashingitan, D.C*, 2007.

Qajeelcha Waraanaa Washingtan) fi Qajeelcha Fayyaa Isteeta Washingtan. *Kitaaba Qophii Balaa: Qajeelfama Karooraa fi Deebii Balaa Tasaa. Kaampii Mureey fi Olompikii, WA: 2004.*


Public Health
Seattle & King County

Child Care Health Program

Seattle

# Deebii Balaa Tasaa fi Balaa

## Kunuunsa Daa'immanii fi Sagantaalee Dursa Barnootaa Kanneen Biro

### Isteeta Washington keessatti argamaniif

**Teessoo keenya:** ______________________________________________

______________________________________________

**Daandii (wwan) dhiyeenya jiru:** ______________________________________________

**Lakkoofsa bilbilaa keenya:** ________________________

- **Tasgabbaa'aa -** ijoollen gaheessota naannoo isaanii jiran irraa mallatoolee fudhatu.
- **Haalicha qoradhaa.**
- **Nageenya ijoollee fi hojjattootaa mirkaneessuf tarkaanfii fudhadhaa.**

**Yoo balaan muddamaa mudatete,**
**911 tti bilbilaa**

## YEROOWWAN HATATTAMAA & BALAATIF DURSAA KAROORSAA

- Wantoonni balaa geessisuu danda'an (fkn, meeshaalee wantoota mataa gubbaa nageenyummaa keessaniif sodaachisan & karaalen ittiin bahan cufaa) ta'an yoo jiraataniif bakkicha yeroo hunda ilaalaa.
- Balaa kamtu naannoo keessan miidhuu akka danda'u ilaalaa.
- Karoora yeroo balaa qabaadhaa, hojjattoonni achi keessatti gaheen isaanii maal akka ta'e beekuu isaanii mirkaneessaa.



- Leenjii ittisa abiddaa ji'aan, kan balaa ammoo kurmaanan gaggeessaa.
- Bakka itti wal geessan dursaa murteessa, gamoo irraa faana 300 yoo fagaate filatamaadha.
- Iddoo itti baqatan bakka balaan itti qaqqabuu fi bakkicha irraa adda ta'e dursaa adda baasaa.
- Bakkichi bilbila manaa (kan elekitirikii hin barbaanne) qabaachuu isaa mirkaneessaa.
- Daa'ima hundumaaf toora qunnamtii yeroo hatattamaa sirrii ta'e qopheessaa.
- Lakkoofsa bilbilaa naannoodhaa alaa sirrii ta'e filachuun maatiidhaaf kennaa.
- Dhiyeessiwaan yeroo hatattamaa gahaa ta'e kanneen armaan gadii of keessatti qabatan harkaa qabaadhaa:

  (1) dhiyeesii nyaata fi bishaaniii kan guyyaa-3 daa'imannii fi hojjatootaf
  (2) Reediyoo baatiriin hojjatu (baatiriiwwan dabalataa waliin)
  (3) Dhiyeessii gargaarsa jalqabaa
  (4) Meeshaalee dhiyeessii lubbuu baraaruuf gorfaman dabalataa.


- Namoota fedhii addaa qabaniif kan ta'u waldhaansa cimaa ta'ee fi dhiyeessii qorsaa guyyaa 3 turu fi karoora qabaadhaa.

***Hubadhaa: Filiippi Chaartin kun karoora waan hunda kan qabate osoo hin taane, garuu balaa tokkoof deebii kennuudhaaf kaqophaa'eda. Haalli fi bakki garaa gara - murtee kee isa irra gaarii fayyadami.***

***DURSAA KAROORSAA – DURSAA KAROORSAA – DURSAA KAROORSAA – DURSAA KAROORSAA – DURSAA KAROORSAA***

Odeeffannoo dabalataatif marsariitii Fayyaa Hawaasaa – Seattle & King County's Child Care Health Program (Sagantaa Waldhaansa Fayyaa Daa'immanii Kiing Kaawuntii) https://www.kingcounty.gov/depts/health/child-teen-health/child-care-health.aspx irraa ilaalaa.

## BAQACHUU



**Bakka sanatti:**

- Bakka itti wal gahuuf qophaa'etti ijoollee geessaa dhaqaa, fudhaa:
  - ✓ Waraqaalee hirmaannaa
  - ✓ Odeeffannoo qunnamtii yeroo hatattamaa*
  - ✓ Kiitii Gargaarsa Duraa*
  - ✓ Qoricha ittiin baraaran (EpiPens fi qoricha asmaa dabalatee) fi waraqaa barbaachisoo*
  - ✓ Bilbila
  - ✓ Nyaata, bishaan, fi daayippariiwwan*.
- Hundumtuu manicha keessaa bahuu isaanii mirkaneessuf bakka hunda (mana fincaanii, bakka huccuun taa'u, iddoo taphatanii fi kkf) keessa barbaadaa.
- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.

**Bakka sanaa alatti:**

- Bakka itti wal gahuuf qophaa'etti ijoollee geessaa dhaqaa.
- Hundumtuu manicha keessaa bahuu isaanii mirkaneessuf bakka hunda (mana fincaanii, bakka huccuun taa'u, iddoo taphatanii fi kkf) keessa barbaadaa.
- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
- Eessa akka deemtan akeekudhaan yaadannoo bakka sagantichaatti dhiisaa.
- Bakka naga qabeessa ta'etti BAQADHAA, wantoota armaan gadii qabachuun:
  - ✓ Waraqaalee hirmaannaa
  - ✓ Odeeffannoo qunnamtii yeroo hatattamaa*
  - ✓ Kiitii lubbuu baraaruu
    First aid kitKiitii Gargaarsa Duraa*
  - ✓ Qoricha ittiin baraaran* (EpiPens fi qoricha asmaa dabalatee) fi waraqaa barbaachisoo*
  - ✓ Bilbila
  - ✓ Nyaata, bishaan, fi daayippariiwwan*.
  - ✓ Reediyoo baatiriidhan hojjatu
- Erga bakka balaatii baatanii booda maatii/guddisee fi/yookin qunnamtii yeroo hatattamaa qunnamaa. Argachuu hin dandeenye taanan, bakka jirtan akka beekaniif lakkoofsa yeroo hatattamaa naannon alaa yookin 911 tti bilbilaa.

* Dafanii argachuuf akka ta'utti boorsaa "dafanii fuudhanii ba'uuf ta'u"balbala Ittiin bahan cinaatti dababalaa.

# KEEMIKAALA YKN RAADIYEESHINIIF SAAXILAMUU



- Balaan yoo babal'ate, odeeffannoo fi qajeelgama yeroo balaatif reediyoo hordofaa.
- Akkaataa qajeelfama kennamuutti **BAKKA KENNAME BUUFACHUUF** yookin **BAQACHUUF** qophaa'aa.
- Keessa jirtan taanan, keessuma turaa (hin ajajamne taanan).
- Yoo alatti keemikaala yookin raadiyeeshiniif saaxilamtan:
  - ✓ Huccuu gubbaa irraa baasaa, korojoo pilaastikaa keessa gochuun itti cufaa. *(Korojichi akka fuudhamuuf hojjattoota balaa hatattamaatti himaa.)*
  - ✓ Mana keessatti idoo qabadhaa.
  - ✓ Ventileeshinii, qilleensessituu, maashina qilleensi akka galu godhu, maashina huccuu qoorsu, fi meeshaalee qilleensa galchan biroo cufaa.
  - ✓ Bishaan shaaworii/ujummoo yoo jiraate, saamunaa itti godhachuun bishaan qorraan jalqabuun hoo'adhaan dhiqadhaa. Ija bishaan baay'edhaan dhiqadhaa.

*Marsariitii Fayyaa Hawaasaa – Seattle & King County's Child Care Health Program*
*(Sagantaa Waldhaansa Fayyaa Daa'immanii Kiing Kaawuntii)*
*https://kingcounty.gov/depts/health/communicable-diseases/health-care-providers/preparedness.aspx*
*irraa odeeffannoo waa'ee balaa keemikaalaa, baayolojikaalaa fi nikularaa (CBRN) ittisuu argachuu dandeessu.*

# BAKKICHATTI DAHACHUU

- Nama hundumaa keessatti walitti qabaa.
- Ventileeshinii, maashina qilleensi akka galu godhu, maashina huccuu qoorsu cufaa.
- Balbalaa fi foddaa cufaa akkasumas hidhaa.
- Ijoolle, hojjattoota fi keessummoota hundumaa mana keessa kan balballii fi foddaan isa gara fuulduraatti aanutti walitti qabaa.
- Waraqaa hirmaannaa, kiitiwwan gargaarsa jalqabaa gargaaru fi dhiyeessiwwan balaa hatattamaa fidaa.
- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
- Kutaalee barbaachisoo hin taane cufaa. Kutaalee mana keessa jiran hanga danda'emtti cufaa.
- Hanga dana'ametti balbala, fi qawaa cufaa.
- Odeeffannoo fi qajeelgama yeroo balaatif reediyoo hordofaa.
- Bilbila naannon alaa kan balaa hatattamaatti bilbilaa.

# KIRKIRA LAFAA

**Mana keessa yoo ta'e:**



- Foddaa, meeshaa mana keessaa dheera fi balaa uumuu danda'u fi meeshaalee ulfaatoo ta'an irraa ariitin fagaadhaa.
- Hunduu LAFATTI GADI BU'AA, DAHADHA, & QABADHAA godhaa.
  - ✓ Lafatti **GADI BU'AA**
  - ✓ Mormaa fi mataa keessan harkaan **HAGUUGUN** meeshaa jabaa ykn keenyaa manaatti maxxanaa dahadhaa.
  - ✓ Hanga kirkirri dhaabatutti meeshaa jala jirtan osoo bakkaa hin socho'in jabeessaa **QABADHAA**.
- Hanga deemun danda'amutti tasgabbiin ijoolletti haasa'aa.
- Yeroo kirkirri lafaa mudatu fiiguu ykn mana keessaa bahuuf hin yaalinaa.

**Ala yoo ta'e:**

- Hanga danda'ametti ariitidhaan bakka fuullen, xuubi fi sararri ibsaa jiru irraa iddoo waanti yaaddoo uumu hin jirre dhaqaa.
- **LAFATTI GADI BU'AA & DAHADHAA.**

**Erga kirkirri lafaa mudatee booda:**

- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
- Namni miidhame yoo jiraate ilaalun akka barbaachisummaa isaatti deeggarsa duraa taasisaaf. Balaan lubbuuf yaaddessaa ta'e yoo mudate, 911 tti bilbilaa.
- Erga kirkira lafaa mudaateen booda sochiin xiqqaan akka mudatu eegaa.
- Baraarun dirqama yoo ta'ee fi alli nagaa ta'uu isaa mirkaneessaa. Akkas taanan, gamoo keessa kan jiran of eeggannoon daddafaatii BARAARAA.
- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
- Foolin gaazii yoo isinitti dhufe ykn sagalee siiqsu yoo dhageessan, ujummoo isaa guddaa cufaa.
- Odeeffannoo fi qajeelftama yeroo balaatif reediyoo hordofaa.
- Balaa lubbuuf yaddessu yoo mudateen ala bilbila hunda fayyadamuu (sa'aatiiwwan 3-5) fayyadamuu dhaabaa.
- Sadarkaa irra jiru gabaasu fi karoora hatattamaa jiru gabaasuf yeroo barbaachise qunnamtii naannon alaatti bilbilaa.
- Seenudhaaf hanga ilaalamutti manaan ala turaa.

# ABIDDA

- Yaadachiistuu abiddaa akka hojjatu godhaa ykn abiddi ka'uu isaa hojjattoota beeksisaa (iyyaa, fooricaa).
- Ariiti fi qalbiidhan gamoo keessaa BAHAA:
  - ✓ Aara keessatti yoo qabaman, namni hunduu harkaa fi jilbaan lafa qabatanii garaan foqoqonanii akka bahan godhaa.
  - ✓ Hargansuu keessan akka calaluuf uffata afaan fi funyaan keessan irra buufadhaa.
  - ✓ Abiddi wayyaatti qabate yoo ta'e, DHAABBADHAATII, LAFA BU'UUN LAFARRA GANGALADHAA hanga abiddi dhaamutti.
  - ✓ Jira taanan waraqaa hirmaannaa fi unka balaa hatattamaa fudhadhaa.
  - ✓ Ijoollen mana keessaa osoo hin bahin bakka turan kan adda baasu hojjataa (nama bakka bu'e) qabaadhaa.
- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
- Manaan ala ta'uun 911 tti bilbilaa.
- Qajeelcha ittisa balaa abiddaatin hanga qulqullaa'utti manatti ol hin deebi'inaa.



**Karoora yeroo balaa abiddaa qabaadhaa, namni hunduu akka beeku mirkaneessaa.**

**Ji'a ji'aan shaakala ittisa balaa abiddaa taasisaa!**

# NAMA RAKKISAA

**NAMA RAKKISAA**
Bakka sagantaa keessanitti ykn achitti dhiyeenyaatti namni ijoollee ykn hojjattoota jeequ yoo jiraate, haalicha sirnaan to'adhaa, hojjattoota biroo waliin dubbadhaa, karoora keessan hojiitti hiikuf qophaa'aa.

- Namni balaa uumu ykn uumuu danda'au yoo jiraate hatattamaan hojjattoota beeksisaa.
- **AKKA CUFAMU** godhaa.
- Bakka naga qabeessa ta'e irraa 911 tti bilbilaa.
- **Namni sun mana/gamoo keessa jira yoo ta'e:**
  - ✓ Nama sana ijoollee fi hojjattoota irraa addaan boosuf yaalaa
  - ✓ Qaaman nama ittisuu ykn dhorkuu hin yaalinaa.
  - ✓ Tasgabbaa'aa amala gaarii itti agarsiisaa; kallattiin itti hin hiiqinaa.


**<u>Ijoollen ala jiran yoo</u> ta'e:**

- ✓ fi <u>namni balaa geessiisu ala jira ta'e</u>: hatattamaan ijooollee walitti qabuun dareetti deebi'aa, adeemsi cufuu ykn sochiin akka hin gaggeefamne gochuu akka hojiirra oolu godhaa. Kuni hin ta'u taanan, bakka itti baqatan iddoo qophaa'e ka ala deemaa.
- ✓ fi <u>namni balaa geessiisu mana keessa yoo ta'e</u>: hatattamaan ijoollee walitti qabuun saffisaan bakka itti baqatan iddoo qophaa'e ka ala deemaa.

**<u>Ijoollen mana keessa jiru yoo</u> ta'e:**


- ✓ ijoollee daree keessa akka turan gochuun **AKKA CUFAMU** godhaa.

# CUFUU



- Balbalaa fi foddaa alaa cufaa.
- Balbaloota mana keessa jiran cufaa.
- Golgaa fi qawwaa kamiyyuu cufaa.
- Ibsaa dhaamsaa.
- Nama hundumaa balbalaa fi foddaarraa fageessaa. Lafa taa’uun yoo danda’ame, ija namaa irraa fagaadhu.
- Ni danda'ama yoo ta'e, waraqaa hirmaannaa, kiitii deeggarsa duraa, kan ijoollee ittiin callisiisan, kitaabotaa fa'aa bakka cufaatti fidaa.
- Suuta jechuudhan ijoollef dubbisuudhan ykn itti haasa'auudhan kuticha keessa haalli tasgabbaa'an akka uumamu godhaa.
- Kutaa keessa bilbilli yoo jiraate, hojjattoonni balaa tasaa odeeffannoo akka argataniif 911 tti bilbilaa.
- Hanga rakkinichi furamutti achuma iddoo cufaa keessa turaa.
- Waa'ee cufaa taasifamuu kamiyyuu, shaakalas ta'ee isa dhugaa maatii/guddisee beeksisaa.

# DAMBALII HOO'AA



- Indeeksiin hoo'aa digrii 90 F ykn isaa ol yoo ta'e ala taphachuu hir'isaa.
- Namni hunduu bishaan gahaa ta'e akka dhugu mirkaneessaa.
- Uffata heddu yoo uffattan ofirraa baasaa. (Maatin/guddiseen ijoollee uffata haphii, halluun isaa salphaa ta'e akka itti uffisan jajjabeessaa.)
- Sochii xiqqeessaa.
- **Mallattoolee kanneen cimsaa eegaa:**

**Dadhabbii Hoo'aa:**

gogaan qorruu, jiidhuu, haphachuu, ykn horbobbaa'uu
dafqa cimaa
mataa bowwoo
haqqee
martoo
dadhabbii
hoo'ina qaamaa idilee ykn isaa gadii.
**Gargaarsa jalqabaa ajajaaf – hoo'inni nama sanaa akka gadi galu godhaa– barbaachisaa taanan deeggarsaaf bilbilaa.**

**Istirookii Hoo'aa:**

tempireechara **olaanaa** (>102ºF bobaa jalaa)
gogaa hoo'aa, diimate, shaakala irraa kan ka'e gogaa goge ykn jiidhaa.
hubannaa irratti jijjiiramni jiraachuu
dha'annaa onnee dadhabaa
hargansuu saffisaa fi dheeraa ta'e
ol deebisuu
**Hatattamaan 911 tti bilbiluun hoo'inni nama sanaa akka gadi deebi'u godhaa.**

Akka gaheessotaa ijoollen hoo'a baay'ee cimaa itti baruu dadhabuu danda'u. Sababni isaa yeroo tapahatan gaheessota caalaa (giddu galeessan) qaamni isaanii hoo'a maddisiisa, garuu ammoo dandeettin dafquu isaanii xiqqaadha.


# DHIBEE DADDARBAA/WEERARA UTAALLOO

- Yeroo hunda sirriitti harka dhiqadhaa.
- Maatin/guddiseewwan odeeffannoon qunnamtii yeroo balaa tasaa sirrii fi kan hojjattu ta'uu isaa isaan yaadachiisaa.
- Dambiiwwan adda ta'an ijoolle fi hojjattootaf hojiirra oolchaa - barattoonni ykn hojjattoonni dhukkubsatan mana akka turan ykn gara manaa akka galan godhu.
- Yeroo isaan gara manaa deeman ijjoollee dhukkubsatan ijjoollee fayyaa irraa kan ittiin adda baaftan karooora qabaadhaa, isa hordofaa.
- Galmee barattoota fi hojjattoota dhukkubsatanii qabaadhaa - kanneen akka mana galan godhamanii fi manatti hafan.
- Sababa hojjattoonni dhukkubsataniif barbaachisaa taanan dareewwan cufaa (reeshoo sirrii ta'e eeguf).
- Qajeelfamoota galmee/kuusaa gaarii ta'e hojiirra oolchuu barsiisaa.
  - ✓ Yeroo qufaatan ykn haxxiffattan sooftii (ykn erbee) fayyadamaa.
  - ✓ Sooftii fayyadamtan meeshaa balfa itti gatan keessa buusaa.
  - ✓ Sooftii erga fayyadamtanii ykn nama dhukkubsatu gargaartaniin booda harka keessan dhiqadhaa.
- Marsariitriwwan Fayyaa Hawaasaa naannoo fi biyyaalessaa akkasumas miidiyaalee hordofaa odeeffannoo sadarkaan faalamni utaalloo irra jiruu, furmaata fi qajeelfamoota argachuuf jechuudha.



**Yeroo hunda sirriitti harka dhiqadhaa.**

# ROOBA CIMAA



- Kan eeggachuu qabdan
  - **SA'AATII ROOBA CIMAA (STORM WATCH):** Roobni naannoo miidhuu danda'ar
  - **AKEEKKACHIISA ROOBA CIMAA:** roobni cimaan dhiyeenyatti naannoo dhufa ykn qaata naannoo dhufe
- Sagantichi dirqama cufamuu qaba yoo ta'e murteessaa.
- Sagantaan ni cufama yoo ta'e maatin/guddiseen ijoollee akka fuudhan ykn akka hin finne itti himaa.
- Odeeffannoo waa'ee rooba cimaafi qajeelgama yeroo balaatif reediyoo hordofaa.
- Qunnamtii baay'ee barbaachisa ta'e qofaaf bilbila fayyadamaa.

# BUBBEE CIMAA

**Mana keessa yoo ta'e:**
- ✓ Foddaa biraa deemaa. Jira taanan foddaa golgaadhan fi shaamaadhaan uwwisaa.
- ✓ Kutaa mana gara keessaa/keenyaa fi kutaa manaa gara gadiitti deemaa.

**Ala yoo ta'e:**
- ✓ Sarara ibsaa ykn muka kufe eeggachaa gara mana keessatti galaa.

# BAKAKKAA


**Mana keessa yoo ta'e:**
- ✓ Hanga danda'ametti Bilbila, meeshaalee elektirooniksii fayyadamuu, fi hojii ujummoo dhaabaa. (Shiboowwan fi ujummoowwan sibiilaa elektirikii uumuu ykn dabarsuu danda'u).
- ✓ Foddaa biraa deemaa. Jira taanan foddaa golgaadhan fi shaamaadhaan uwwisaa.

**Ala yoo ta'e:**
- ✓ Mana cufaa keessa iddoo dahannoo barbaadaa.

# YAADDOO BOOMBII

- Jira taanan Eenyummeessa nama bilbiluu ilaalaa.
- Ni danda'a taanan miseensa hojjataa kan biraatti 911 tti akka bilbiluuf mallattoon itti agarsiisaa. *(Waraqaa irratti "YAADDOO BOOMBII" kan jedhuu fi lakkoofsa bilbilaa kan irratti bilbilamee ture barreessaa.)*
- **Osoo hin cufin dura**, nama bilbile irraa odeeffannoo barbaachisaa hunda sassaabadhaa.

**Nama Bilbile Gaafadhaa:**




- ✓ *Boombin eessa jira?*
- ✓ *Yoom dhohuuf deema?*
- ✓ *Maaltu boombichi akka dhohu taasisa?*
- ✓ *Boombichi maal fakkaata?*
- ✓ *Boombii akkamiiti?*
- ✓ *Boombicha maalif keesse?*

**Kanneen armaan gadii qalbifadhaa:**

- ✓ *Sa'aatii itti bilbilame*
- ✓ *Jechoota namni bilbile dubbate*
- ✓ *Amala sagalee nama bilbilee maal akka fakkaatu (haala dubbii, dhiira/dhalaa, dargaggeessa/jaarsa, kkf.)*
- ✓ *Sagalee dudduuba jiru*

- Waanta ykn meeshaa nama shakkisiisu kamiyyuu hin tuqinaa.
- Manicha keessatti waa hojjachuu ykn waan kirkira uumu gochuu irraa of qusadhaa.
- Bilbila ykn reediyoo kallattii- 2 hin fayyadaminaa.
- Gadi dhiisanii bahuu ilaalchisee poolisii wajjin wal gahaa. Gadi dhiisanii bahuun ykn baqachuun dirqama yoo ta'e, adeemsa GADI DHIISANII BAHUU hordofaa.

# LOLAA



**SA'AATII LOLAA:** kamirraayyuu eeggadhaa: lolaan naannoo keessanitti mudachuu mala.

**AKEEKKACHIISA LOLAA**: lolaan naannoo keessanitti ni mudata ykn mudataa jira.

**Lolaan naannoo yoo jiraate:**

- Sagantichi dirqama cufamuu qaba yoo ta'e murteessaa.
- Sagantaan ni cufama yoo ta'e maatin/guddiseen ijoollee akka fuudhan ykn akka hin finne itti himaa.
- Odeeffannoo waa'ee rooba cimaafi qajeelfama yeroo balaatif reediyoo hordofaa.

**Yoo Buufanni balaa lolaa(dhihoo)keessa jiraate:**

- Bakka itti wal gahuuf qophaa'etti ijoollee geessaa dhaqaa.
- Hundumtuu manicha keessaa bahuu isaanii mirkaneessuf bakka hunda (mana fincaanii, bakka huccuun taa'u, iddoo taphatanii fi kkf) keessa barbaadaa.
- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
- Eessa akka deemtan akeekudhaan yaadannoo (note) bakka sagantichaatti dhiisaa.
- Bakka naga qabeessa ta'etti BAQADHAA, wantoota armaan gadii qabachuun:
  - ✓ Waraqaalee hirmaannaa
  - ✓ Odeeffannoo qunnamtii yeroo balaa hatattamaa
  - ✓ Kiitii gargaarsa dursaa
  - ✓ Qorichoota balaa cimaa fi & bararuu (qorchoota asmaa, EpiPens dabalatee) fi unkaawwan
  - ✓ Bilbila
  - ✓ Nyaata, bishaan, fi daayippariiwwan
  - ✓ Reediyoo baatiriidhan hojjatu.
- Naannoo lolaadhan fudhatame keessaa deemuu ykn konkolaataa oofuu hin yaalinaa.
- Bishaan yaa'u fi sarara ibsaa citee lafa ciisu irraa fagaadhaa.
- Erga bakka balaatii baatanii booda maatii/guddisee fi/yookin qunnamtii yeroo hatattamaa qunnamaa. Argachuu hin dandeenye taanan, bakka jirtan akka beekaniif lakkoofsa yeroo hatattamaa naannon alaa yookin 911 tti bilbilaa.
- Bishaan lolaa yoo tuttuqxan, harka keessan saamunaa fi bishaanin dhiqadhaa.
- Nyaata bishaan lolaa tuqe gataa.

Ulaagaalee qulqullinaa ilaalchisee muummee fayyaatin mariyadhaa.

# DAA'IMA BADE YKN UGGURAME

**DAA'IMA BADE**



- Bakka sagantaa barbaadaa, bakka ijoollen dhokachuu danda'anii fi naannoo bishaanii dhiyeetti argamuu dabalatee.
- Daa'imnin maatii bira yoo jiraate, maatii(wwan)/guddisee(wwan) tti bilbilaa.
- Odeeffannoo armaan gadii wajjin 911 tti bilbilaa:
  - ✓ Maqaa fi umurii mucichaa
  - ✓ Teessoo sagantichaa
  - ✓ Mucichi maala akka fakkaatu
  - ✓ Mucichi wayyaa akkamii akka uffatu
  - ✓ Barbaachisaa taanan, haala meedikaalaa mucichaa
  - ✓ Yeroo fi bakka itti mucaan yeroo dhumaaf mul'ate
  - ✓ Nama mucichi yeroo dhumaaf wajjin mul'ate.
- Suuraa dabaalatee odeefannoo mucichaa yeroo poolisiin dhufutti qopheessaa.
- Mucicha bakka sana keessa fi naannoo sana barbaacha ittuma fufaa.

**DAA'IMA UGGURAME**

- Odeeffannoo armaan gadii wajjin 911 tti bilbilaa:
  - ✓ Maqaa fi umurii mucichaa
  - ✓ Teessoo sagantichaa
  - ✓ Mucichi maala akka fakkaatu
  - ✓ Mucichi wayyaa akkamii akka uffatu
  - ✓ Barbaachisaa taanan, haala meedikaalaa mucichaa
  - ✓ Yeroo fi bakka itti mucaan yeroo dhumaaf mul'ate
  - ✓ Nama mucichi yeroo dhumaaf wajjin mul'ate.
- Suuraa dabaalatee odeefannoo mucichaa yeroo poolisiin dhufutti qopheessaa.

  Haalicha ibsuufidhaaf maati(wwan)/guddiseewwan poolisiin isaan qunnamuu qaba.


**<u>Deeggarsa uggura hambisuudhaf:</u>**

- **Maatii, guddisee, ykn qunnamtii yeroo balaa hatattamaatin alatti daa'ima nama tokkotti illee hin kenninaa.**
- **Gaheessonni ykn ijoollen nama bakka sagantaa ykn dhiyeenya sanatti shakkan yoo jiraate 911 tti bilbilaa.**
- **Maati fi qaamni seera qabeessan guddisee ta'an gidduu isaanii wal dhabdeen ijoollee ugguraaf saaxiluu maluu yoo jiraate akka isin beeksisan jajjabeessaa.**

# HUMNI IBSAA ADDA CITUU

**Humni ibsaa maalif akka adda cite adda baasaa.**

- ***Rakkoon elektirikii gamoo keessa yoo jiraate, tiriikaa fudhachuun GADI DHIISTANII BAHUUF qophaa'aa.***
- ***Haalli qilleensaa cimaan humni ibsaa akka adda citu yoo godhe:***



  - ✓ Tiriikaa fudhadhaa. (Shaamaa ykn madda ibsaa abidda qabu akka hin fayydamne.)
  - ✓ Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
  - ✓ Karaa bilbila shibootin humni ibsaa adda cituu isaa kampaanii humna ibsaa beeksisaa.
  - ✓ Balaa hatattamaa yoo ta'een ala 911 tti hin bilbilinaa.
  - ✓ Meeshalee elektirikaa, ykn elektirooniksii duraan itti fayyadamaa turtan cufaa ykn irraa buqqisaa.
  - ✓ Yeroo ibsaan deebi'u akka beekamutti balbii tokko ibsaa dhiisaa.
  - ✓ Rifirijireetarii fi balbala qorrisiistuu cufamee akka taa'u godhaa.

**Haalli qilleensaa qorra yoo ta'e:**

- ✓ Hundumtuu uffata hoo'aa fi gogaa ta'e heddu walirraan akka uffatan godhaa.
- ✓ Hunduu bakka hoo'i jenereetaraa jiru akka dhaqan godhaa. (Darichi hojiilee sochii qaamaa ykn tapha sochii barbaadu akka taphatan gaggeessaa.)
- ✓ Ovanii akka madda anniisaatti tasumaa akka itti hin fayyadamne.
- ✓ Hoo'af ykn mana keessatti nyaata qopheessuf tasumaa akka cileetti hin fayyadamne.
- ✓ Manaan alatti foddaa banaa fi qabbaneessituu irraa bakka fagoo ta'etti jenereetara fayyadamaa.

**Haalli qilleensaa hoo'a yoo ta'e:**

- ✓ Danda'ama taanan, kutaa gara gadiitti gadi bu'aa.
- ✓ Uffata heddu yoo uffattan ofirraa baasaa.
- ✓ Namni hunduu bishaan gahaa ta'e akka dhugu mirkaneessaa.

# SUNAAMII

**Sagantaan keessan naannoo sunaamif yaaddessutti argama yoo ta'e:**

- Beekaa:
  - olka'iinsa daandii keetii sadarkaa galaanaa irraa _____
  - fageenya daandii keessanii qarqara galaanaa ykn bishaan balaa guddaa qaban biroo irraa_____

  *Ajajni baqachuu lakkoofsa kana irratti hundaa'uu mala.*
- Naannoo balaa qabu hatattamaan GADI DHIISANII BAHUUF kan gargaaru karoora qabaadhaa.
- Hojjattoota waliin karaa ittiin sunaamii jalaa gadi dhiisanii bahan shaakalaa.



- Eeggadhaa, sunaamin dhiyaachuu mallattoolee agarsiisuu malan:
  - Bishaan qarqara galaanaa ol-ka'uu fi gadi bu'uu.
  - Kirkira lafaa cimaa naannoo qarqara galaanatti sekondii 20 fi isaa oliif ture.

  Kirkira lafaa cimaa naannoo qarqara galaanatti sekondii 20 fi isaa oliif ture.
  - Lafa bu'uun, iddoo qabadhaa, waa qabadhaa.
  - Yeroo kirkirri dhaabatu, ijoolle fi hojjattoota walitti qabuun qarqara bishaanii irraa hiiqun gara lafa ol ka'aatti BAQADHAA.
- Naannichatti kirkirri lafaa guddaan mudachuu yoo bartan, yoodhuma kirkirri isinitti hin dhagahmne ta'ellee, odeeffannoo Wiirtuu Akeekkachiisa Sunaamii irraa kennamu argachuuf reediyoo naannoo jiru ykn Reediyoo Haala Qilleensaa NOAA dhaggeeffadhaa.

| | |
|---|---|
| **AKEEKKACHIISA SUNAAMII**: | Sunaamin ni eegama. Gadi dhiisanii bahuu guututu gorfama. |
| **YEROO SUNAAMII (TSUNAMI WATCH)**: | Sadarkaan yaaddoo hin beekamne. Odeeffannoo dabalataafi baqachuudhaf qophaa'aa. |

Sunaamin <u>dambalii cimaa</u> sa'aatii hedduuf itti fufuu danda'uudha. Bakkichatti osoo hin deebi'in dura hubachiisa idilee ta'e eegaa.

# VOLKAANOO



- **Odeeffannoo fi qajeelgfama yeroo balaatif reediyoo hordofaa.**
- **Daaran naannoo keessanitti bu'u yoo jiraate, mana keessa turuuf qophaa'aa.**
- **Yoo aangawoonni jedhan, BAQADHAA.**
- **Mana keessa:**
  - ✓ Foddaawwanii fi balbala hundumaa cufaa.
  - ✓ Nama rakkoo asmaa ykn rakkoo sirna hargansuu qabu sirriitti hordofaa – Karoora waldhaansaa hordofaaa.
  - ✓ Daa'imman xixiqqoofi kanneen rakkoo hargansuu qaban daaraa akka hin tuqne godhaa.
- **Ala:**
  - ✓ Afaan fi funyaan cuqqaalladhaa.
  - ✓ Ija eeguf kishaafa ijaa godhadhaa.
  - ✓ Uffataan gogaa keessan uwwisaa.
- Osoo daaran heddu bu'uu konkolaataa keessa hin oofinaa – konkolaachisuun daaran akka ka'u godhuun konkolaataa danqa.
- Baaxii manaa irraa daaraa qulleessaa. (Inchiiwwan 4 caala hanga kuufamutti hin eeginaa.)

**Volkaanon wantoota armaan gadii akka geessisu quba qabaadhaa:**

▪Kirkira lafaa ▪Daaraan bu'uu fi rooba asiidii ▪Sigigaachuu lafaa fi dhagaan konkolaachuu ▪Dhoqqeen dhangala'uu fi lolaa tasaa ▪Sunaamii

# SIGIGAACHUU LAFAA YKN DHOQQEEN DHANGALA'UU



**SIGIGAACHUU LAFAA** walumaa galatti rooba cimaafi cabbiin baquu wajjin walqabata.

**DHOQQEEN DHANQALA'UUN** ammoo sigigaachii lafaa saffisaan lafa irraan gadee cimaatti ta'uudha. (Volkaanon dhoqqeen akka dhangala'uuf sababa ta'uu mala.)

- Mallattoolee sigigaa hubadhaa:
  - ✓ sagalee hin baramne alaa dhagahamu, kanneen akka hurgufamuu, mukti xaaxa'uu, ykn dhagaan walitti bu'uu fa'aa
  - ✓ mallattoon babbaqaquu haaran gamoo irratti mul'achuu.
  - ✓ dallaan, mukti ibsaa, mukkeetin fa'aa asii fi achi daaqamuu ykn socho'uu.
- Danda'ama taanan BAQADHAA.
- Baqachuudhaf yoo barfate:
  - **Mana keessa:**
    - Meeshaa jabaa jalatti dahadhaa.
  - **Ala:**
    - Daandii irraan gadee keessaa bahaa.
    - Gara lafa ol-ka'aa (tabba) tti baqadhaa, lafa sigigaa irraa fagaadhaa.
    - Waanti caccabaan konkolaatu yoo isinitti dhufe, muka ykn gamoo jalatti fiigaa.
    - Jalaa bahuun yoo hin danda'amne, marmaramtanii taa'un mataa keessan akka isin hin rukunne godhaa.
- Ijoollee, hojjattoota fi keessummoota hunda galmeessaa.
- Bakka sigigaatti nama miidhame ykn danqame yoo jiraate ilaalaa, garuu bakka rakkoon jiru irraa fagaachun hanga baraartonni dhufanitti eegaa.
- Bakka sigigaa irraa fagaadhaa – sigigni dabalataa dhufuu mala waan ta'eef.
- Sigiga booda lolaan dhufuu mala waan ta'eef quba qabaadhaa.